

A black and white photograph of a man, likely a historical figure, wearing a patterned garment. The image is framed by a thick black border. Overlaid on the image is the text "LIJ-IYYAASUU" in large, bold, red capital letters.

LIJ-IYYAASUU

Seenaa Gabaabaa

Haala Kanaan Kan Qophees

Abdussalaam Idriis

Yaadaaf

0905550014





Lij Iyyasuu (لج اياسو)

Kutaa 1:-

Lij Iyyaasuun Ilma Mootii **Oromoo Walloo** Muhammad Alii Kan Jedhamtuuti. Haati Isaa Intala Minilikii **"Shawaa Araggaash"** kan Jedhamtuuti.

Mootii Walloo Kan Muslima Ture Fi Mooticha Habashaa Maaltu Walitti Fidee Walitti Soddoomse? Waa'een Kun Akka Armaan Gadiitti Ibsama;-

Mootichi Habashaa Yoohannis Kan Jedhamu Mootii **"Walloo"** kan Islaama Ture **"Muhammad Alii"** jedhamu Akka Kiristaana Tahu Dirqamsiisee Erga Inni Kiristaana Tahee Maqaa Isaa Kan Islaamaa San Irraa Jijjiiree **"Nugusa Miikaa'eel"** jedhee Itti Moggaase. Kana Qofa Osoo Hin Taane Intala Minilik **"Shawaa Araggaash"** kan Jedhamtu Itti Heerumsiise. Walitti Dhufeenya Isa Haala Kanaan Kan Cimseef....Itti Fufa ...

Kutaa 2^{Faa}

Walitti Dhufeenya Isa Haala Kanaan Kan
Cimseef Akka Inni Muslimoota Oromoo Kan
Duraan Kan Islaamummaan Bulchaa Ture
Gara Kiristaanummaatti Deebisee Isa Jalatti
Bulchuuf Soddaa Taasifate.

Shawaa Araggaash”jedhanii Intala Kana Maqaa
Kan Itti Baasaniif Mootummaa Keenya
(Habashootaa)naannoo Shawaa Keessatti
Gadi Nuudhaabatte.Lafa Shawaa Kana
Qabannee Aangoo Keenya Jala Oolfanne
Jechuu Isaaniti Jedhan Dr.Muhammad Taaj
Kitaaba Isaanii “Taariiku Itoyoo Phiyaa (P:
167 Fi 215)”jedhu Keessatti. Mucaa Intalti
Kun Mootii Wallootiif Deesse “Lij Iyyaasuu”
kan Jedamu Akaakayyuu Isaa Minilikiin
Dhaalee Erga Aangoo Qabatee
Muslimootatti Laafuu (Miidhuu
Dhabuu)jalqabe.

Akka Barreessitoonni Seenaa Gariin Jedhanitti...
Itti Fufa....



Kutaa 3^{Ffaa}

Akka Barreessitoonni Seenaa Gariin Jedhanitti Lij Iyyaasuun Muslimoota Gargaaruu Qofanni Osoo Hin Gabaabbattin Inni Mataan Isaatuu Amantii Islaamaa Irra Jiraatuu Ol Baasee Muldhise. Intala Islaamaatis Fuudhe. Naannoo Dirre Dawaa Fi Jigjigaa Keessatti Masjiidota Ijaare. Alaabaa Isaas Kan Baatii Fi “Laailaaha Illallah” Jedhu Hojjatate. Alaabaa Kana Hooggantoota Naannoowwan Islaamaa Kan Isa Jala Jiraniif Erge. Akkasuma Qoonsila Biyya Turkiyaa Kan Finfinnee Jiruuf Alaabaa Kana Ergeefii Jira. (Fathii Geysi ,P;257”)

Akka Carraa Tahee Yeroon Sun Lola Addunyaa 1ffaa Tiin Walitti Qajeele. Turkiyaan Garee Jaarman Keessa Waan Turteef Biyyoonni Lola San Keessatti Injifannoo Argatan Kan Akka ;Faransay,Biritish,Fi Xaaliyaan Garee Warroota Injifatamee Waliin Biyya Walii Galtee Qabdu Kan Hin Jaalanne Turte. Lij Iyyaasuunis Turkiyaa Waliin Walitti Dhufeenya Gaarii Qabaatuun Kun Isaan Hin Gammachiifne Ture. Sababuma Kanaaf Biyyoonni Kunniinis Habshoota Gargaaranii Lij Iyyaasuu Aangoo Irraa Kuffisuuf Carraaquu Jalqaban

Itti Fufa....





Kutaa 4^{Faa}

Lij Iyyaasuun Maaliif Aangoo Irraa Kuffifame?

Habshoonni Mootummoota Biyya Awurooppaa Kanneen Asii Olitti Dubbataman Sanniin Waliin Tahuun Sababoota Isa Ittiin Kuffisan Walitti Sassaaban. Saba Isaan Ummataafdhiheessan Keessaa ;-

Lij Iyyaasuun Bulchiinsa Biyyaa Keessatti Gahee Hin Qabu.

Bulchiinsota Naannootiif Yeroo Isaaan Dhufan Simannaa Gaarii Hin Taasisuuf.

Hanga Taphaa Fi Dhugaatitti Dhimmu Biyya Tajaajiluuf Hin Yaaddahu.

Qonsulaa Turkiyaa Waliin Walitti Dhufeenya Cimaa Qaban. Alaabaa Baatii Fi “Laa’ilaaha Illallaah Muhammadan Rasuulullaah” irratti Barreeffamee Jiru Ergeef.

Akka Dr Muhammad Taaj Dubbatanitti Habashoonni Kana Kan Dubbataniif Akka Ummanni Isa Jibbee Isa Irraa Baqatuuf Malee Dubbii Dhugaa Tahuu Dhabuu Akka Asii Gadii Kanatti Ibsanii Jiran...

Ibsicha Kutaa Itti Aanu Kessatti Kan Ilaallu Ta’a Hanga Sanatti Naqaa Ta’aa Itti Eufa



Kutaa 5^{ffaa}

Lij Iyyaasuun Akka Isaan Jedhan San Osoo Hin Taane Ijoollummaa Isaa Waliin (Umrii 18) Nama Aqlii Gaarii Qabuudha. Raakkoo Mootummaa Isaatti Marse Hunda Sirriitti Beeka.

Collummaa Guddaa Qaba.

Afaan Amaaraa, Afaan Arabaa Fi Afaan Faransaayis Ni Danda'a.

Nama Cima Akkanaa Tahuun Isaa Kun Habashoota Hin Gammachiifne Ture. Haala Kanaan Itti Fufee Aangoon Isaa Jabeeffatuun Isaan Waan Sodaachiseef Daddafanii Yeroo Gabaabaa Keessatti Kichuu Isa Kutuuf Ka'an.

Lij Iyyaasu Kuffisuu Kanaaf Walitti Bu'iinsi Guddaan Jidduu Ummata Itiyoophiyaatti Uumamuudhaan Balaan Guddaan Argamee Namoonni Garee Lamatti Qoodamanii Tura :-... Gareewwan Lamaan Kutaa Dhufutti Kan Waliin Ilaallu Ta'a. Hanga Sanatti Nagaa Rabbi Keessa Naaf Jiraadhaa,

Itti Fufa..

• Kutaa 6 Ffaa

Garee 1ffaa Gargaartota Lij Iyyaasuuti, Hedduun Isaan Warra Kibba Biyyaa (Muslimootaa) Turan.

Garee 2ffaa Gargaartota Zawdituu Intala Minilik, Hedduun Isaanii Habashoota Kaabaati.

Lola Garee Lamaan Gidduutti Argame Kana Gareen Duraa Injifannoo Argatuuf Dhihaatee Ture. Garuu Gareen Lammaffaa Malaa Fi Tooftaa Fayyadamuun Garee Duraa Irratti Ganuu Dalage.

Akka Nama Harka Kennatee Of Fakkeessee Walii Galtee Uumna Jedhee Akka Nama Lola Dhaabee Tahee Dhoksaan Waraana Qopheeffate, Booda Irratti Waraanni Dabalataa Isaa Dhufnaan Injifannoo Argate...

Itti Fufa...

Lij Iyyaasuun Bara Kam Du'e.?

Waggaa Meeqa Aangoo Irra Ture?

Eega inni Du'ee Hoo Eenyutu Aangootti Ol Bahe.?

Kutaa Itti Aanu Keessatti Kan Ilaallu Ta'a.



Kutaa 7 Efaa Fi Isa Xumuraa

Bara 1917 Sebtember 27tti Lij Iyyaasuu Erga
Waggaa 3 Bulchee Aangoo Irraa Kuffisanii
Intala Minilik Zawdituu Aangoo Irra Kaayan.
Tafarii Mokonna (Haylasillaasee) Kan Aangoo
Dhaalu Taasisan.

Kana Booda Lij Iyyaasuun Qabamee Mana
Hidhaa Geeffame. Erga Waggoota 20 Mana
Hidhaa Turee Booda Du'e, Haylasillaaseetu
Ajjese Jedhama,

Akka Odeefannoon Mangudd Tokko Tokkoo
Ibsutti : Haylasillaaseen Yeroo Mana Hidhaa
Lij Iyyaasuun Keessatti Hidhame Dhaqee
Laale San Erga Deemuu Biraa Gadi Bahee
Ajjesuuf Ol Itti Deebi'e. Yeroo Sana Lij



Egaan Kabajamtoota Hordofoota Chanal Kanaa Seenaan Lij
Iyyaasuu Gabaabinaa Kana Fakkata. Seenaan Isaa Kana
Qofa Jechuu Miti Akka Seenaa Isaa Guutuu Dubbisaaf Isin
Kakaasuufi Malee.

Dubbisuu Keessaniif Galatoomaa!

